

## سُورَةُ الْأَنْبِيَاءُ

## Suuraa Anbiya`aa

\*Dura dursoo suuran tun {suuratul'anbiyaa'}  
je'amti

قبل كل شيء هذه سورة الأنبياء

\*Isiin suuraa makkati, tan odo nabi Mu-  
hammad hijraan bayin buute.

هذه سورة مكية نزلت قبل هجرة النبي

Aayaanni isi'ii dhibbaafii kudha lama {112}.

{112} وآياتها

\*Lakkooysi isi'ii diiddamii tokko {21} .

{21} وترتيبها

\*Isiin eega suuratu ibraahiimii buute.

نزلت بعد سورة إبراهيم

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

\*Dhiyaate.

اقرب

\*Ilmaan namaatif.

لِلنَّاسِ

\*Waytiin isaan waan addunya'arratti dala-  
ganirraa gaafataman, sun guyyaa qiya-  
ama'atii,

حساًبُهُمْ

\*Isaanii guyyaa san dagatee jiru.

وَهُمْ فِي عَقْلَةٍ

مُعْرِضُونَ

1}\*Isaanii guyyaa saniif qoppaayu'urraa  
gara gale, amanuu didanii, wanni guyyaan  
qiyaama'aa dhiyaate je'eef, wanni dhufaa  
taa'u, odo fagollee taatee dhiyoo jecha'aafi .

مَا يَأْنِيهِمْ مِنْ ذِكْرٍ مِنْ رَبِّهِمْ مُّحَمَّدٌ

\*Yoo qur'aanarrraa suuran haaroyni, takkaa  
aayanni haaroyni Rabbii isaanirraa bu'ee isa-  
anitti dhufe, isaan gorsu'uuf, haqa isaan yaa-  
dachiisu'uuf ,

إِلَّا أَسْتَمْعُوهُ وَهُمْ لَيَعْبُونَ

لَا هِيَ قُلُوبُهُمْ

2}\*Isaanii taphatu malee, hin dhaggeeffatan.

\*Isaanii qalbiin isaanii makgnaa qur'aanaa  
beekhuu dagattu,hoggaa qur'aanni isaanirratti qara'ame makgnaa isaa gad qa-  
banii laalanii hin gorfamaniin jechu',isaan yoo qur'aana dhaggeeffatan dhage-  
ytii waan inni je'u qeebalu'uu, kan makgnaa isaa hubatu'uu hin dhaggeeffatanii,  
allaaggaxuu,yookaa qishna'aaf dhaggeeffatan,

وَأَسْرَوَ الْجَوَّى الَّذِينَ ظَلَمُوا

\*Ormi kuffaaraa,maqoo bayanii dubbi dho-

ysa'aa waliin je'an, wanni isaan waliin je'an :  
 \*Si inni kun nama akka keessaniiti malee  
 wahi malaayka'aa, Muhammad namuma  
 falfala'aa,

هَلْ هَذَا إِلَّا بَشَرٌ مِّثْلُكُمْ

\*Si sihrii,falfala inni isinitti fide jala dee-  
 mtanii? ni qeebaltanii?,  
 3}\*Odoo isin, akka falfala taye beytanuu?  
 Agartanuu.

أَفَتَؤْتُكُمْ السِّخْرَةَ

وَأَنْتُمْ تُبَصِّرُونَ ﴿٢﴾ قَالَ

\*Wanni nabiin orma kuffaratiin je'e: Rab-  
 biin kiyya kan isinitti na erge isa waan da-  
 chi'ii samii keessatti je'amu hunda beekhu,  
 \*Inni kan waan isin jettan hunda dhagayu,

رَبِّيْ يَعْلَمُ الْقَوْلَ فِي السَّمَاءِ وَالْأَرْضِ

4}\*Kan waan isin dalaydan hunda beekhu.

وَهُوَ السَّمِيعُ

الْعَلِيمُ

\*Takkaa kuffaarri akki je'e :wanni dhufreen,

بَلْ قَالُوا أَضَغَتْ أَحْلَمِيْ

waan birzaazan, takkaayuu abju'uun argan,kan walitti makhame ,kan fassaruu  
 hin dandeeny, kan Rabbiin isarrattin buusin, kan inni if biraa kaasee je'u je'an,  
 waan duraan je'anirraa deebi'anii, duraan wanni Muhammad dhufreen,falfala  
 je'an, tayu'uuf dinnaan, lakkii birzaaza je'an ,ammas tayu'uuf dinnaan wanni  
 je'an,

بِكُلِّ أَفْتَرَنَّهُ

\*Waan kana Rabbiin hin buufnee Muha-  
 mmada if biraa kaasee je'e,

بِكُلِّ هُوشَاعِرٍ

\*Inuma inni wallisa'aa, waan hin taane na-  
 matti fakeessaa, sanii mitii,

فَإِنَّا نَبِأْتُكُمْ

\*Mukgjizaa biraa haa nuu fiduu ,

كَمَا أَرْسَلَ الْأَوْلَانَ ﴿٥﴾

5}\*Mukgjizaa akka anbiyooni duraa fide

,tan akka mukgjizaa nabi saalih tan gaala dhagaa keessaa Rabbiin baasef, tan  
 akka ulee nabi muusa'atifi harka isaa , duuba isaan mukgjizaa Rabbiin nabi  
 Muhammadii kenne tan mukgjizaa anbiyoota durii kennerra caaltu, dhug-  
 oomsuu didanii, mukgjizaa biraa barbaannan, Rabbiin akki je'e

مَاءَ امْنَتْ قَبْلَهُمْ مِّنْ قَرْيَةٍ

\*Warri biyyaa, kan isaan dura dabre kan-

neen mukgjizaaakkanaa nuu fidi ni amannaaj e'anii ergamoota isaanirra  
 barbaadan, duuba nuti mukgjizaa isaanii kenninaan hin dhugo'oomsinee hin  
 amannee tanaaf,

أَهْلُكُنَّهَا

\*Lafarraa isaan fin'ee,

6}\*Si isaan yoo mukgjizaa isaan barbaadan kennineef ni amanamii? Hin amanan jechu' .

أَنْهُمْ يَرْمِنُونَ

\*Anbiyoota si dura ergine dhiira beekkomsa keenya kennineef ergine malee malaayka-adhaa mitii ,

وَمَا أَرْسَلْنَا قَبْلَكَ إِلَّا رِجَالًا نُوحِي إِلَيْهِمْ

\*Warra waan san beekhu, kan akka warra

فَشَوَّلَوْهُ أَهْلَ الذِّكْرِ

townraatifi injiil beekhoo gaafadhaa, isin orma islaamarra isaan dhugo'oomsitanii yaa warra Rabbitti kafare isaan gaafadhaa akka Rabbiin nama dhiiraa malee malaaykaa, takkaa namatti hin ergin isiniif himanii,

7}\*Yoo ifii teessanii Rabbiin dhiiruma malee, dhalaa, yookaa malaaykaa, jinnii, namatti hin erguu kan wallaaltan taatan.

إِنْ كُنْتُمْ لَا تَعْلَمُونَ

\*Ammallee ergamoota keenya san qaama

وَمَا جَعَلْنَاهُمْ جَسَدًا يَأْكُلُونَ الْطَّعَامَ

waan yaanne,isaan hin goone,akka malaayka'atti,ergamoonni keenya warruma qaamni isaanii qaama namaa kan akkuma nama kaanitti nyaatanii, dhuganii, nama keessa yaa'an, wanni nama kaanin adda tayaniin ,Rabbiitu malaaykaa isaanitti ergee, kitaaba isaanirratti buusee, gabroota kiyya, diin kiyya barsiisaa je'ee erge,

8}\*Isaan warra hin duune , kan zalaalamii addunyaa tana keessa taa'uu miti , isaan akkuma nama biratti ,hangaa taa'an addunyaa tana keessa taa'anii eega sanii du'an.

وَمَا كَانُوا خَلِيلِينَ

\*Duuba jara ergine san, namni itti ergine isaan dhugo'oomsuu dinnaan baallama nama isin kijibsiise balaa isinitti buufna jennee ,ergamoota keenyaf seenne,isaanif dhugo'oomsine, isaanii dirmatu'uun,

ثُمَّ صَدَقْتُهُمُ الْوَعْدَ

\*Duuba ergamoota keenya nagaya baafnee,

فَأَبْجِيزُوهُمْ

\*Nama feenu warra isaan dhugo'oomses nagaya baafnee

وَمَنْ نَشَاءَ

9}\*Warra ergamoota keenya kijibsiise, lafarraa fin'e, yookaa balleessine .

وَأَهْلَكَنَا الْمُسْرِفِينَ

\*Dhugumaan kitaaba isinii buufne,

لَفَدَأَزَلْنَا إِلَيْكُمْ كِتَابًا

\*Kitaaba diin keessan, guddinni keessan keessa jiru, kan namni waan inni dhufeen qebalee itti dalage,addunya'aa aakhira'atti, gu-

فِيهِ ذِكْرُكُمْ

rra guddaa argatu,

**10}\***Si ayl'iin laaltanii itti amantanii waan  
inni dhufeen qeebaltanii ittin dalaydanii?

أَفَلَا تَعْقِلُونَ ١٠

\*Biyya hedduu balleessine,

وَكَمْ قَصَمْنَا مِنْ قَرَيْبٍ

كَانَتْ طَالِمَةً

\*Biyya Rabbitti kafarte,tan ergaa isaa qeeb-  
aluu didde,

**11}\***Tan eega isii balleessinee, ummata bi-  
raa finnee, bakka isaanii buufne.

وَأَشَانَا بَعْدَهَا قَوْمًا مِّنْ آخَرِينَ ١١

فَلَمَّا أَحْسَوْا بِأَسْنَانِ

إِذَا هُمْ مِّنْهَا يَرْكضُونَ ١٢

\*Warri biyya kafartee sun, hoggaa balaa nu-  
ti ganda isaanitti buufne argan,

**12}\***Ka'aniiti,ganda san keessaa ori'an nu  
jalaa bayu'uu jecha,duuba malaaykan qishn-  
a'aa jecha, wanni isaanin jettu .

لَا تَرْكُضُوا

وَأَرْجِعُوهُمْ إِلَى مَا أَتَرْفَقُتْ فِيهِ

وَمَسْكِنَكُمْ

لَعْلَكُمْ تُشَلُّونَ ١٣

\*Hin ori'inaa,hin baqatinaa, eessatti dhe-  
ysitan?.

\*Waan Rabbiin isiniin qananiise keessatti  
deebi'aa,

\*Mana keessanitti deebi'aa,

**13}\***Akka namni waan qabne,waa isin ka-  
dhatu akkuma duritti,isin warra horii qabu ,  
kan namaan waa kennuu, kana hunda malaa-  
ykan qishna'aaf isaan xiqqessu'uuf, akkas  
isaanin jetti.

قَالُوا

\*Duuba ummanni sun balaa jalaa hin baa-  
nuu hubannaan, balleessaa fudhatanii akki  
je'an:

\*Yaa badii teenya ,

يَوْلَانَا

إِنَّا كَذَّا ظَلَمِيْنَ ١٤

فَمَا زَالَتْ تِلْكَ دَعْوَتُهُمْ

حَقَّ جَعَلْنَاهُمْ حَسِيدًا

خَمِدِيْنَ ١٥

**14}\***Nuti warra Rabbitti kafaree if miidhe ,  
kan sanii jecha, balaa yookaa azaaba nutti  
buuse.

\*Duuba dilii ifitti beekhanii, nuti warra if  
miidhe jechuun, afaan isaanitii hin buune ,

\*Hanga akka midhaan haamamee goonetti,

**15}\***Dhumanii, dhabamanii

وَمَا خَلَقْنَا السَّمَاءَ وَالْأَرْضَ

\*Sami'iifii dachii,

\*Waan isaan lamaan jiduu jiru hin uumne,

16}\*Taphaaf,wanni uumnef ragaa dandeytii

teenyaa godhu'uufi,ammallee akkan gabroottan kiyaaan qananiisu'uufi,akka namni waan uumame, kan arge,nama akkatti isii uume beekhee, waan isaaf uume nyaatee dhugee, galata isaa galchu'uufi ,takkaayuu gabbaruufi. Rabbiin nama inni jaartii qaba, ilmoo qaba je'urratti deebisee akki je'e.

لَوْ أَرَدْنَا أَن نَخْذِلْهُمَا

لَا نَخْذِلْهُمْ مِن لَدُنْنَا

إِن كُنَّا فَعَلَيْنَا

\*Odoo waan taphaa ,kan nama dagu, kan akka jaarti'ii,ilmo'oo, silaa qabaatuu feenee

\*Silaa ifuma biraa, waan akka hguurulkgi-inifii, malaaykaa fa'arraa, godhanna,

17}\*Yoo jaarti'iifii ilmoo godhatuu feene ,  
haa tayuu nuti ilmo'oofii jaartii godhatuu hin feene .

\*Nuti haqaan, takkaayuu iimaanan darbanna

بِلْ نَقْذِفُ بِالْحَقِّ

\*Khijiba takkaayuu kufrii darbanna ,

عَلَى الْبَطْلِ

\*Duuba mataa keessa dhayeeti ajjeesee deemsise,

فِي دُمْعَهُ

\*Duuba akkasitti kijibni yookaa baaxilli deemee dhabama,

فَإِذَا هُوَ زَاهِقٌ

\*Isin warri Rabbiin ilmoo qaba je'u azaaba jaba'aatu isiniif jira

وَلَكُمُ الْوَيْلُ

18}\*Waan Rabbiin jaartii qaba,ilmoo qaba jettaniif, sun waan isaan hin mallee.

مِمَّا نَصِفُونَ

وَلَهُمْ مَن فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

وَمَنْ عِنْدَهُ

\*Namni sami'iifii dachii keessa jiru hundi, kan Rabbiiti, isaatu uume, isaatu qaba,

لَا يَسْتَكْرِئُونَ عَنِ عِبَادَتِهِ

\*Malaaykonni Rabbii kan isa biraa,

وَلَا يَسْتَحْسِرُونَ

\*Ibaadaa Rabbirraa ifin guddisan ,

يُسَيِّحُونَ أَيْلَهُ وَالنَّهَارَ

19}\*Ammallee hin dadhaban .

لَا يَغْتَرُونَ

\*Halkanii guyyaa tasbiihga Rabbiiti go-dhanii,

20}\*Hogguma takka irraa haran baafatan ta-

sbiihgni malaaykaa biratti, akka hafuura baafatuu keenyati, kan wanni takkaleen hafuura baatu'urraa nun dhoowwine ,isaanis wanni tasbiihgarraa isaan dhoowwu hin jiru.

\*Si ormi kuffaaraa sun,lafarraa Rabbi godhatanii? ziqiyaafii, waan akka meetaa fa'arraa, dachii keessaa qotanii baasanii tolfatani? ,  
21}\*Kan Rabbiin isaan tolftan sun , warra

أَمْ أَخْنَذُوا إِلَهَةً مِّنَ الْأَرْضِ

هُمْ يُشْرُونَ ﴿٢١﴾

du'e jiraachisu nama waa jiraachisu, waan isaan Rabbi je'anii ibaadanirraa hin qaban jechu' ,ammoo nama waan jiraachisu malee Rabbi hin tayuu, akkamitti sanama taabota humnan qabne gabbaran, takkaayuu Rabbii tokkichatti qindeessan ,Rabbii tokkicha malee Rabbiin biraahin jiruu .

\*Oodo sami'iifii dachii keessa,Rabbii tokkicha malee,Rabbitiin biraahin wajji jiraatee,

لَوْ كَانَ فِيهِمَا إِلَهٌ إِلَّا اللَّهُ

\*Silaa sami'ii dachiin, akkaataa laallee

لَعَلَّنَا

garru kanarrraa baati,ni baddi waan wal diddaan dhuftuuf jecha,waa uumu'uufii waa oofuu keessatti,mee mootin lama, ganda, yookaa mandara tokko keessatti argamuun ni taya ,

\*Rabbitiin waan isaan hin malle hundarrraa qulqullaaye,

فَسُبْحَانَ اللَّهِ

\*Rabbitiin arshii uume ,arshiiin irra guddoo waan Rabbitiin uumeti ,tan waan uumame hundatti marsitu ,

رَبِّ الْعَرْشِ

22}\*Rabbitiin waan kuffaarii je'u takkaayuu yaadu hundarrraa qulqullaaye,inni shariika yookaa hiriyyaa qabaa isaan yaadanirraa il-moo qabaa jaartii qabaa isaan je'anirraa qulqulluu, sun waan isaan hin malle .

عَمَّا يَصِفُونَ ﴿٢٢﴾

\*Rabbitiin waan dalagurrraa hin gaafatamu

لَا يُشَكِّلُ عَمَّا يَفْعَلُ

maa kana guddiftee ,kana xiqqeessite ,maa kana duroomsitee, kana hiyyoomsite ,maa kana ajjeeftee kana jiraachifte,maa kana fayyiftee kana dhukku-bsachiifte,je'ee {isa xixu'uu jecha} namni isa gaafatu hin jiru, inni hin gaafatamu,

23}\*Ammoo gabroonni isaa,ni gaafataman, kan waan gaarii dalageef sawaaba kennee, kan waan hamtuu dalage qixaaxu'uu jecha.

وَهُمْ يَسْلُونَ ﴿٢٣﴾

\*Si Rabbii achitti waan biraahin Rabbi go-dhatanii?,

أَمْ أَخْنَذُوا مِنْ دُونِهِ إِلَهًا

قُلْ هَاتُوا بِرَهْنَكُمْ

هَذَا ذِكْرٌ مَّنْ مَّعَ

وَذِكْرٌ مَّنْ قَبْلَهُ

بَلْ أَكْثَرُهُمْ لَا يَعْلَمُونَ الْحَقَّ

فَهُمْ مُّعَرِّضُونَ

وَمَا أَرْسَلْنَا مِنْ قَبْلِكَ مِنْ رَسُولٍ

إِلَّا نُوحٌ إِلَيْهِ أَنْوَهُ

لَا إِلَهَ إِلَّا أَنَا فَاعْبُدُونَ

وَقَالُوا أَنْخَذَ الرَّحْمَنُ وَلَدًا

سُبْحَانَهُ

بَلْ عِبَادٌ مُّكَرَّمُونَ لَا

يَسِّقُونَهُ بِالْقَوْلِ

\*Jara Rabbii achitti waan biraa gabberuu akki jettu: mee waan jettaniratti ragaa yookaa daliila yookaa hujja fidaa ji'iin, isaanuu fiduu hin dandayanii,

\*Mee hunoo qur'aanni kanaa kan gorsa na-ma na wajjiin jiruu taye sun ummata kiyya ? kan oduun isaanii keessa jirtu akkuma oduun warra dur keessa jirtu ,

\*Ammallee kunoo gorsi ummata na duraa

sun towraatifii injilii ammallee kitaabban biraatii wanni isin jettan , Rabbiin hiriya qaabaan isin jettan,kitaabban san keessa inumaa hin jirtuu wanni keessa jiru Rabbiin hiriya qaabaatu'urraa qulqullaaye jechu'u , isin Rabbiin shariika qabaa, hiriya qabaa, eessaa fiddan? ji'iin,

\*Irra hedduun kuffaaraa towhiida Rabbiin hin beekhan, waan isaan maluufii waan kaan addan beekan,

**24}**\*Isaan ayl'iin laalanii tokkummaa Rabbiin baru'uudharraa gara galan, isaan akka hor'iitii, dhuga'aafii kijiba addaan hin beekhan waan Rabbii keessatti haqarrraa fago'u, hin argan.

\*Nuti si dura ergamuma tokkollee hin ergine

\*Yoo ergamotoot itti dhaamne taate malee,

**25}**\*Na malee Rabbiin biraa hin jiruu, anuma ibaadaa gabbaraa, tokkummaa kiyya yadaa , nama, jenneen malee nama biraa hin ergine.

\*Ormi kuffaaraa,kan arabaa, gariin akki je'e :Rabbit malaayka'arraa ilmoo qaba ,malaaykan dubra Rabbiti je'e,

\*Rabbit malaaykaa ilma godhatu'urraa qu-lqullaaye,

**26}**\*Malaaykan Rabbiti gabroota Rabbit guddise, kanneen Rabbiti ibaada'aaf uume.

\*Waan Rabbiti je'e malee, dura dabranii waa takka hin je'an,

27}\*Malaaykoni waan dalagan mara, ajaja  
Rabbiitin dalagan.

وَهُمْ بِأَمْرِهِ يَعْمَلُونَ ﴿٢٧﴾

\*Rabbiin waan malaaykan dalaydee, daba-  
rsite hunda beekha, ammallee waan isaan da-  
lagu'utti jiraniifii, waan isaan dalagu'uu taa'an  
, hunda beekhaa waa takka isarraa hin dho-  
khattu,

يَعْلَمُ مَا بَيْنَ أَيْدِيهِمْ وَمَا خَلْفَهُمْ

\*Nama Rabbiin irraa jaalataa beekhan malee  
, kan isa shafa'uu iznii isaanii godhe malee  
, nam tokkollee hin shafa'an , araara Rabbi-  
rraa hin barbaadaniif,

وَلَا يَسْفَعُونَ إِلَّا لِمَنِ ارْتَضَى

28}\*Isaan sodaa Rabbii keessa garaan boc-  
cisa, sodaa kabaja'aati sodaatanii qixaaxa  
isarraa ifin amanan.

وَهُمْ مِنْ خَشِينَهُ مُسْتَفْقِدُونَ ﴿٢٨﴾

\*Namni malaayka'arraa an Rabbii achitti  
Rabbi ifiin je'u, sun ibliisii, kan, an Rabbii , na  
ibaadaa je'ee cifraa isaa ajajee,

وَمَنْ يَقُلْ مِنْهُمْ إِنَّهُ إِلَهٌ مِنْ دُونِنِي

\*San, ibidda jahannamiin galata isaa ga-  
lchina ,

فَذَلِكَ نَجْزِيهُ جَهَنَّمَ

29}\*Akkasitti warra rabitti waa qindeessu  
hunda ibiddaan jazaa isaanii galchina.

كَذَلِكَ نَجْزِي الظَّالِمِينَ ﴿٢٩﴾

\*Si warri Rabbi moromu , hin beynee?

أَوْلَمْ يَرَى الَّذِينَ كَفَرُوا

\*Akka sami'iifii dachiin, kutaa takkittii kan  
qaawni jidduu hin jirre, walitti maxxantuu  
taate?,

أَنَّ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ كَانَا رَفِيقًا

\*Kan eegasii adda buqqifnee , samii torba

فَفَتَّنَاهُمَا

ta wal gubba'aa goonee, dachi'iis torba goone hin beynee,, takkaa makgnaan isaa:  
samii hin roobne, akka roobdu godhu, dachii hin magarsine akka magarsitu  
godhu kana makgnaan {fataqaa} qowlii tokkoratti

وَبَعَلَنَا مِنَ الْمَاءِ كُلَّ شَيْءٍ حَيٍ

\*Bishaan sami'ii bu'uufii kan dachi'ii bayuun  
waa hunda jiraachifnee, waan mayruufii  
kanille'ee bishaan sababaa jiru'uu isaa goone  
jechu'u,

أَفَلَا يُؤْمِنُونَ ﴿٣٠﴾

30}\*Si kana hunda laalanii tokkummaa ti-  
yyatti hin amananii? akkan an tokko taye, hin  
dhugo'oomsanii?

وَجَعَلْنَا فِي الْأَرْضِ رَوَسِيَ

\*Gaara gurguddaa dachii keessa dhadha-  
abnee jirra ,

أَنْ تَمِيدَ بِهِمْ

وَجَعَلْنَا فِيهَا فِرَاجًا سُبْلًا

لَعَلَّهُمْ هُنَّ دُونَ

\*Akka dachiin warra isi'irraa jiruun hin  
sossoonef,

\*Gaarotii san keessa karaa goonee jirra ,

31}\*Akka karaa san deemanii haajaa isaan-

itti qajeelan, hoggaa biyya takkarraa takkatti dabran, waan biyya hedduu gaarri  
adda babaasuf odo Rabbiin karaa gaara san keessan namaa baasuu baatee,  
silaa walitti dabruun ni jabaata

\*Samii gombisaa dachi'ii goonee jirra gom-  
bisaa jigu'urraa, yookaa badu'urraa eeggame  
, kan utubaa malee ol fuudhame,

\*Ormi kuffaaraa aayata yookaa alaamaa  
dandeytii teenyaa tan samii keessatti uumne  
, kan akka adu'uu, ji'aa, urji'ii laalanii hin  
amananii,

32}\*Irraa gara galan, silaa odo qalbi'iin laa-  
lanii, akka namni isii uume tokko taye, dhu-  
gumaan hubatan.

\*Rabbiin isa halkaniifii guyyaa uume,

\*Isa adu'uufii ji'a uume,

\*Hundinuu adu'uufii ji'a, urjiin,

33}\*Falaka keessa, akka namni bishaan da-

akhu bishaan keessa deemutti yaa'an, falakni waan guddoo akka dhagaan daa-  
ku'u, takkaa inzirtiin naannoxtutti naannawu kan waan samii keessa jiru  
hunda oofu , takkaa falaka jechuun sami'i tan wanni yaa'u tan akka adu'uu hu-  
ndi keessa deemtu akka markabni bahara keessa deemutti. ormi kuffaaraa Mu-  
hammad ni du'aa, hoggaa san hara irraa baafanna je'anii, gammachuu mul'i-  
fnaan, Rabbiin aayata buusee nabi Muhammadiin akki je'e.

\*Ilma namaa kan si dura dabreef zalaalamii  
, addunyaa tana keessatti hafuu hin goonee,

34}\*Si yoo ati duute, isaan hin du'anii, zala-  
alamii addunyaa tana keessa taa'anii.

\*Lubbuun hundi addunyaa tanarratti hadhaa  
du'aati dhandhamti,

\*Waan hamtu'uufii waan gaari'iin isin mok-  
korra n, waan akka hiyyumma'aa, dhukk-

وَجَعَلْنَا السَّمَاءَ سَقْفًا مَحْفُظًا

وَهُمْ عَنْ إِيمَانِهَا

مُعْرضُونَ

وَهُوَ الَّذِي خَلَقَ الْأَيَّلَ وَالنَّهَارَ

وَالشَّمْسَ وَالقَمَرَ

كُلٌّ

فِي قَلْبِ يَسْبُحُونَ

وَمَا جَعَلْنَا لِشَرِّ مِنْ قِبِيلَ الْخَلْدَ

أَفَيْنَ مِتَّ فَهُمْ لَخَلِيلُونَ

كُلُّ نَفْسٍ ذَائِقَةُ الْمَوْتِ

وَنَلْوُكُمْ بِالشَّرِّ وَالْخَيْرِ

ubaa, waan akka durumma'aa, waan akka fayya'aatin ,isin mokkorra,

\*Isin laalu'uu jecha waan hamtu'urratti ni obsitan moo hin obsitan, waan gaari'irratti galata Rabbiif galchitan moo hin galchitan jechaa laalu'uuf ,

35}\*Hundi keessan gara keenya debitani, ,waan addunya'arratti dalaydanimma isin gaafanna , kan tole jannata seensifneeti, kan bade ibidda seensifna.

\*Ormi kuffaaraa hoggaa ijaan si arge

\*Sin khabajanii,qishna'aaf si qabatan,si xiq-qeessan,

\*Wanni [hoggaa si argan] waliin je'an,si isuma kanaa? kan sanama taabota keessan arrabsu,

36}\*Isaan Rabbii tokkichatti kafaran, waan

inni aakhiraan isaan yaadachiisu`uu isaanitti erge,kan akka anbiyootaa , kita-abbanii,hin qeebalanii ni didan,isaan kanuma, sanamni mukni Rabbi tayuu yaadan ,waaqni Rabbi tayuu didan, kun wallaala hoonga gaye, ormi kuffaaraa yoo wanni Muhammad dhufreen, diin isaa, kun, haqa tayee, dhagaa samii nutti roobsii nu fixi, yaa Rabbi je'anii ,khadhannaan ,Rabbiin aayata buusee akka je'e.

\*Ilmi namaar jarjararraa uumame , waa hundatti ni jarjrafata, odoo waan isa miidhulleetaatee, duuba akkasuma kuffaarri makkaa, waan isaan miidhu barbaannan Rabbiin akki je'een :

\*Waytii balaan isinitti buutu isinan agarsiisu'uu taa'aa,

37}\*Azaaba yookaa balaa san hin jarjarsiif-

atinaa duuba lola badrii keessatti isaan agarsiise,kan lola dura dursoo nabi Muhammad, isaanitti duule keessatti, namni gurguddaan isaanii, torbaatamni irraa dhumee torbaatamni boojiyame.

\*Ormi guyyaa qiyama'aa dhugo'oomsuu didu wanni je'u:

\*Guyyaan qiyama'aa kan isin ni dhufa je-

فَتَنَةٌ

وَإِلَيْنَا تُرْجَعُونَ ٣٥

وَإِذَا رَأَى الَّذِينَ كَفَرُوا

إِن يَخْذُلُنَا إِلَّا هُنَّا

أَهْنَدَ الَّذِي يَذْكُرُ إِلَهَكُمْ

وَهُمْ بِذِكْرِ الرَّحْمَنِ هُمْ كَفِرُونَ ٣٦

خُلُقُ الْإِنْسَانِ مِنْ عَجَلٍ

سَأُورِيكُمْ إِيمَانِي

فَلَا تَسْتَعِجِلُونَ ٣٧

وَيَقُولُونَ

مَنْ هَذَا الْوَعْدُ

ttan yoom dhufa?,  
**38}**\*Yoo kan dhugaa dubbattan taatan?  
duuba Rabiin akki je'e .

\*Warri Rabbitti kafare kan akkas je'u sun  
,odoo beekhee ,

\*Waytii guyyaa qiyaama'aa ibiddi fuula isaanii gubu kan fuula isaanirraa,ibidda deebisuu hin dandeenye,

\*Kan dudda isaanirraa ibidda deebisuu hin dandeenye,

**39}**\*Kan issaan tumsa hin arganne, odoo silaa haala isinitti ,guyyaa qiyaama'aa dhufu beekhanii waa akkas hin je'an, haa tayuu wallaalatu akkas issaan jechisiisee.

\*qiyaaman isinitti dhufti,

\*Dingatatti ,hatattamatti ,isaanii ifirraaquban qabne, sardamatti,

\*Duuba issaan dhamaafti,

\*Duuba qiyaamaa cinqii guddo'oon, deemtu san ifirraa deebisuu hin dandayan,

**40}**\*Qaaxaroon issaanii hin qabamtu ,akka dili'irraa towbataniif, towballeen issaanirraa hin qeebalamtu, waan waytii towba'aa dhumteef.

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad ergamo-onni si dura ummata dabretti ergine, hedd'uutu ,xiqqeeffame ,ummanni issaan kijibiisee ,kaan dhawanii, kaan ajjeesanii, kaan arrabsanii,

\*Duuba warra issaan xiqqeessetti, bu'e,

**41}**\*Azaabni issaan nurraa fago'oo, nutti hin bu'u je'anii, qishnaa godhatan,itti bu'ee ,dhu-manii ,duuba warra si xiqqeesses akkas go-onaa haa beekkatanii.

\*Warra si xiqqeessu kan Rabbitti amanuu diduun, akki jettu:

إِن كُنْتُمْ صَدِيقِنَ ٢٨ لَوْ

يَعْلَمُ الَّذِينَ كَفَرُوا

حِينَ لَا يَكُونُونَ عَنْ وُجُوهِهِمْ أَنَّا رَأَيْنَاهُمْ

وَلَا عَنْ ظُهُورِهِمْ

وَلَا هُمْ يُنَصَّرُونَ ٣١

بَلْ تَأْتِيهِمْ

بَغْتَةً

فَتَبَهَّمُهُمْ

فَلَا يَسْطِيعُونَ رَدَّهَا

وَلَا هُمْ يُنَظَّرُونَ ٤٠

وَلَقَدِ اسْتَهْزَىٰ رُسُلٌ مِّنْ قَبْلِكَ

فَحَاقَ بِالَّذِينَ سَخَرُوا مِنْهُمْ

مَا كَانُوا بِهِ يَسْتَهْزَئُونَ ٤١

قُلْ

مَن يَكْلُمُكُمْ بِالْيَلَى وَالنَّهَارِ

مِنَ الرَّحْنَ

\*Eenyu namni halkaniifii guyyaa isin tiysu?,

\*Azaaba Rabbiraa,yoo guyyaa takkaa hal-kan isinitti buuse, namni isin tiysu takkaa azaaba Rabbii isinirraa dhoowwu hin jiru,  
42}\*Ormi kuffaaraa sun, qur'aana Rabbii isinirraa gara galan,dubbii isaa gad qabanii hin laalan .

\*Si ormi kuffaaraa sun, nuu achitti Rabbii waan hamtuu isaanirraa dhoowwu qabanii,  
\*Rabbiin hedduun ,isaan Rabbii achitti gab-baran sun, lubbuu ifiituu, gargaaruu hin dan-dayan, tanaaf jecha warra isaan gabbaru gar-gaaraii , waan hamtuu irraa dhoowwuu hin dandayan

43}\*Isaan azaaba keenyarraa nagaya hin ba-afaman, hin tiyfaman.

\*Warra Rabbii isaanii moromu kana qan-aniifmee jirra, waan jiraataniin hunda isaanii kenninee,

\*Akkasuma abbootii isaanillee qananiifhee jirra,

\*Hanga qananii keessatti umriin isaanii dherettetti, kan saniin dagamanii, waan haqarra jiran if seyanii, Rabbitti amanuu dhiisan, waan sanamni isaan gabbaran isaanii kenne seyanii,

\*Si hin arganii? hin gorfamanii?,

\*Akka nuti lafa isaanii kenninetti dhufnee,

\*Moggaa isi'irraa duraa ir'ifnu nabi Muham-mad, takkaa ormi islaamaa duraa qabatee,

44}\*Duuba gaafana isaantu mooyte moo

ni mooyaman? dhugaa yoo taate ni mooyaman, namni mooyate, nabiifii orma islaamati, duuba kanaan, akka dubbiin harka Rabbii jirtu hin beekhanii ? akka waa takka sanamni isaaniin hin tarre hubatanii,Rabbii dandeytii guddoo qabutti hin amananii

\*Wanni kuffaaran jettu : wannin an isin

بَلْ هُمْ عَن ذِكْرِ رَبِّهِمْ مُّعَرِّضُونَ

أَوْلَئِمْ عَالَمَةٌ تَمَعِّنُهُمْ مِنْ دُونِنَا

لَا يَسْتَطِعُونَ نَصْرًا أَنفُسِهِمْ

وَلَا هُمْ مِنَ الْمُصْحَّبِينَ

بَلْ مَنْعَنَا هَؤُلَاءِ

وَعَابَ إِلَيْهِمْ

حَقَّ طَالَ عَلَيْهِمْ الْعُمُرُ

أَفَلَا يَرَوْنَ

أَنَّا نَأْتَى أَرْضَ

نَفْصُصَهَا مِنْ أَطْرَافِهَا

أَوْهُمْ أَغْنِيُونَ

فَلِإِنَّمَا أَنْذِرْنَاكُمْ بِالْوَحْيٍ

itti fidu, kan azaabarraa isiniin sodachisu ,waanin Rabbirraa fuudhee isiniin gayu malee, waanan if biraa kaasee isiniin je'uu mitii, haa tayuu namni Rabbiin qalbii isaa duuche san hin beekhu,

45}\*Warri gurran qabne,yoo yaamtee wahi-

(٤٥)

rраа dhoowwite, yaaminsa kee hin dhagayuu waan ati irraa dhoowwiturraa hin deebi'u, ormi kuffaaratis akka orma gorran qabneetii, qalbii isaanii Rabbiin duuchee jiraa, waan dhagayaniin hin gorfaman, ittin fayyadaman .

\*kuffaarri hoggaa nuti qananiifne,qooqu kun  
,yoo wanni xiqqoon isaan tuyxe,

وَلَمْ يَسْمَعْ الصُّورُ الْأَدُعَاءِ إِذَا مَا يُنْذَرُونَ

\*Balaa Rabbii keetirraa, wanni xiqqoon shaf  
gootee, isaanirraa baate azaaba Rabbirraa,

مِنْ عَذَابِ رَبِّكَ

\*Ni je'an, baaraganii,

لَيَقُولُ

\*Yaa badii teenya ,

يَتَوَلَّنَا

46}\*Nuti warra cubuu dalage Rabbitti waa  
qindeessinee, Muhammad kijibsiisu'uun .

إِنَّا كُنَّا ظَلَمِينَ

وَنَضَعُ الْمَوْزِنَ الْقَسْطَلَ لِيَوْمِ الْقِيَمَةِ

dhaabna, kan dalagaan nama hundaa , ummata hundaa itti miizaanamu, miizaanni {siraax}dura eega hisaabatii,warri hin hisaabamne ni dabra ,miizaanni shanacha lama qaba, dalagaan gaarin kan mirgarra kaayamti. hamtuun ka bitarra kaayamti, yoo dalagaan isaa gaaruma qofa taate kanuma mirgaa qoffarra kaayamti, hamtuu qofa taatu bita'arra kaayamti, dalagaan kuffaaraa ni miizanamti, tan kufrii hin tayin ibidda isarraa xiqqeessu'uuf. utubaa miizaanaa jibriiltu qaba, miikaa'il ni eega,

فَلَا نُظْلِمُ نَفْسَ شَيْئًا

\*Nabseen takkalleen hin miidhamtu kheyrin  
isiin dalayde , duraa ir'ifamtee sharriin itti  
ida'amu'uun ,

وَإِنْ كَانَ مِثْكَالَ حَبَّةٍ مِّنْ خَرَدٍ

\*Yoo wanni namni dalage ,dalagaa waan xiqqoo hanga miizaana firii shifu'uu [sanaaficaa] takkaa sanirra xiqqo'oo taate ,

أَيْنَ بِهَا

\*Dalagaa xiqqoo san finneeti, miizannafii,  
waa takka duraa hin baddu,

وَكَفَى بِسَاحَرِيهِنَّ

47}\*Nuti hisaaba akkaan beekhun,kan waa  
takka nurraan dhukhanne gorsaaf ni gaya,  
maalif? namni Rabbiin dalagaa tiyya hunda  
narratti hisaabaa beekhe sodaa Rabbiiti  
ida'ataa.

\*Nabi muusa'aafii, nabi haaruunii kenninee jirra

وَلَقَدْ أَتَيْنَا مُوسَى وَهَارُونَ

\*Kitaaba towraat, kan haqaafii,baaxila , ha-raamifii halaal, adda baasu,

الْفُرْقَانَ

\*Kan ifaa dukkana wallaalatiifii ifaa dukkana kufri'ii taye,

وَضِيَاءً

**48}**\*Kan gorsa warra Rabbi sodaatuu taye.

وَذَكْرُ الْمُنْفِتَكَ

\*Isaan warra fago'otti Rabbi sodaatu kan odoo ijaan hin argin, waan inni je'u dhug-ooomsan ,

أَلَّذِينَ يَخْشَوْنَ رَبَّهُمْ بِالْغَيْبِ

**49}**\*Isaan warra guyyaa qiyaama'aa sodaatu kitaaba jara saniif tolu muusa'aafii obboleessa isaa haaruunif kenninee jirra.

وَهُمْ مِنَ السَّاعَةِ مُشْفِقُونَ

\*Qur'aanni kun kan barakaa heddommaatu.

وَهَذَا ذِكْرٌ مُبَارَكٌ

\*Gabricha keenya Muhammaddiratti isiniif buufnee,

أَنْزَلْنَاهُ

**50}**\*Si isin,qur'aana kana qeebaluu diddani ? odoo inni kitaaba jabaa beekkomsi addunya'aa aakhira'aa keessa jiru tayuu isaa, beytanuu.

أَفَأَنْتُمْ لَهُ مُنْكِرُونَ

\*Nabi ibraahiiimif qajeeloo isaa kenninee jirra, beekkomsa diinifii dunya'aa isaa kenninee jirra,

وَلَقَدْ أَتَيْنَا إِبْرَاهِيمَ رُشْدًا

\*Odoon saalfatin,takkaa hin balaghin,

مِنْ قَبْلِ

**51}**\*Ibraahiiim beekkomsa nuti isaa kennine san, haqa godhataa beynee jirra.

وَكَنَّا بِهِ عَلَيْنَاهُ

\*Gaafa abbaa isaatifii ummata isaatin je'e :

٥١

إِذْ قَالَ لِأَيْهِ وَقَوْمِهِ

\*Maali suuraan dilli kun ,tan dhaga'aafii ,sibilafii, ziqaafii,waan bira,kan Rabbiin uumerra harka keessaniin tolchitanii dhad-dhaabdan?,

مَا هَذِهِ التَّماشِيلُ

**52}**\*Tan isin irratti wal geessanii ibaaddan Rabbi jettanii,isiin sanama taabota torba-atamii lama .

الَّتِي أَنْتُمْ لَهَا عَذَّابُكُونَ

**53}**\*Jennaanin wanni isaan nabi ibraahiiimin je'an :abbootii teenya tan sanama kana

فَالْأُولُو وَجَدَنَا آءَابَاءَنَا هَآعِدِينَ

,gabartu garreetuma nus isaan jala deemnee,  
gabbarre je'an.

54}\*Jennaanin nabi ibraahiiim akki je'en:  
isiniifii abaabonni keessanilleen, suuraa tana  
ibaadu'uun jallina mul'ataa keessa jirtan.

\*Jennaanin,si waan dhuga'aatin nuu dhuftee,  
akkana jettamoo?,

55}\*Nuttii taphatta? je'aniin.

\*Jennaanin,yaa jarana an waa isinittin ta-

phadhuu waan dhuga'aatinin isinii dhufe ,wanni isin gabbartan kun,waa Rabbii  
miti ,waan isin harka keessaniin tolchitan,Rabbiin keessan kan ibaadaa haqa  
godhatu Rabbii sami'iifii dachiidhati,

\*Kan isii hin jirre, kan wahirratti hin laa-  
llatin uume,

56}\*An waanan je'u kanarratti warra ragaa  
bayurraayi, warra waan san beekkomsa dhu-  
ga'aa beekurraayi.

57}\*Ammoo isaan dubbii isaa dhagayuu  
dinnaan Rabbiin khakhatee akki je'en as-  
aama keessan caccabsu'uufin jaatanii godha  
eega isin biraa yaatanii, dirree iidaa dha-  
qu'uuf jecha .

\*Duuba ibraahiiim asnaama san caccabsee,  
hurreesse, qottoo dhaga'aan cabsan fudhatee,

\*Sanama isaanii guddaa malee, isa qottoo  
irratti fanniseeti lakkise,

58}\*Akka isatti deebi'anii, waan inni sana-  
ma biratti dalage arganiif .

\*Duuba eega deebi'anii,waan inni dalage  
arganiif wanni je'an

\*Eenu namni Rabbii keenyatti, dalagaa ha-  
mtuu tana dalage? eenu namni akkatti ca-  
ccabse?,

59}\*Inni dhugumaan warra cubbuu dalagee  
if miidherraayi je'an .

قَالَ لَقَدْ كُنْتُمْ أَنْتُمْ وَإِبْرَاهِيمَ فِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ

٥٤

فَأَلْوَاهِنَا بِالْحَقِّ

أَمْ أَنْتَ مِنَ الظَّعِينَ

قَالَ إِنِّي مُكَذِّبٌ لِّتَمَوَاتٍ وَالْأَرْضَ

الَّذِي فَطَرَهُنِّ

وَإِنَّا عَلَى ذَلِكُمْ مِنَ الشَّهِيدِينَ

٥٥

وَنَاهِيٌ لَّاَكِيدَنَ أَصْنَكُو بَعْدَ أَنْ تُولُوا

مُدَبِّرِينَ

فَجَعَلَهُمْ جُنَاحًا

إِلَّا كَيْرَاهُمْ

لَعَنَهُمْ إِلَيْهِ يَرْجِعُونَ

٥٦

قَاتُلُوا

مَنْ فَعَلَ هَذَيْنَا

إِنَّهُ لَمَنِ الظَّالِمِينَ

٥٧

\*Warri hoggaa nabi ibraahiim khakhatee sanama kana nan caccabsa je'u dhagaye, akki waliin je'e ,

قالوا

\*Gurbaa dargaggeessa tokko dhageenye

سَمِعْنَا فَتَّى

\*Kan sanama arrabsee xiqqeessu.

يَذْكُرُهُمْ

**60} \*Kan ibraahiim isaan je'an .**

يَقَالُ لَهُ وَإِبْرَاهِيمُ

\*Mee fuula namaa dura fida'aa gaafadhaa ,namni fidaa je'e {numuruuz} ,

قَالُوا فَأَقْوَبُوهُ عَلَىٰ أَعْيُنِ النَّاسِ

**61} \*Warri hoggaa inni caccabsu arge, yoo jiraate ragaa itti bayaa.**

لَعَلَّهُمْ يَشَهُدُونَ

\*Finnaan akki je'aniin,

قالوا

**62} \*Siitu Rabbii keenyattiakkana dalagee yaa ibraahiim je'aniin.**

أَنْتَ فَعَلْتَ هَذَا إِنَّا لِهِ مُتَّنَعِّثُونَ

\*Jennaanin irra guddaa sanamaatu kana dalagee,

قَالَ بْلَ فَعَلَهُ كَيْرُهُمْ هَذَا

\*Mee sanamoota kana namaakkana dala-gerraa gaafadhaa,

فَسَأَلُوهُمْ

**63} \*Yoo kan dubbatan taate je'een.**

إِنْ كَانُوا يَطْغَوْنَ

\*Duuba if keessa deebi'anii ayli'iin laalanii, akki je'an namni rooroo ifirraa hin deebifne kan waan fedhu dalaguu hin dandeenyeakkamiin Rabbi taya ?,

فَرَجَعُوا إِلَىٰ أَنفُسِهِمْ

**64} \*Wanni ifiin je'an: isin waan hin dubanne gabbaru'uun warra dilii, yookaa cubbuu dalagee if miidhee je'anii qajeelan .**

فَقَالُوا إِنَّكُمْ أَنْتُمُ الظَّالِمُونَ

\*Haa tayuu eeguma akkasitti ayli'iin arganii ,qajeelaniiyi, kufri'itti deeffamanii ibraahii-min moromu'utti seenanii, akki je'aniin,

مِمْ نَكْسُوا عَلَىٰ رُءُوسِهِمْ

**65} \*Yaa ibraahiim akka sanamni hin dubanne beeytee jirtaa,akkamitti gaafadhaa nu-un jetta je'aniin.**

لَقَدْ عِلِّمْتَ مَا هَذِهِ لِآيَاتِنَا

\*Jennaanin duuba Rabbii achitti bakka Rabbii ibaaddan,waan isin hin fayyanne, rooba faa isiniif roobsee,

فَقَالَ أَفَتَعْبُدُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ مَا لَا

يَنْفَعُكُمْ شَيْئًا

66}\*Waan yoo ibaaduu dhiiftan isin hin darre, ibaaddanii,dhagaa waan fayyanne, kan waan dararre, gabbartanii?.

وَلَا يَضْرُبُكُمْ ٦٦

\*Isiniifii wanni isin Rabbii achitti ibaad-danilleen uf ajaa fukkina, je'een .

أَفِ لَكُمْ وَلِمَا تَعْبُدُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

67}\*Si akka asnaamni, takkaa wanni isin harka keessaniin tolchitan,ibaadaa haqan godhanne hin beytani? ayli'ii laaltanii ?.

أَفَلَا تَعْقِلُونَ ٦٧

\*Ibraahiiim akkas jennaanin, walii galanii ibraahiiim kana gubaa,

قَالُوا حَرْفُوهُ

\*Rabbii keessanii tumsaa, ibraahiiim gub-uudhan

وَانصُرُوا إِلَيْهِنَّكُمْ

68}\*Yoo sanama keessan gargaaru'uu kan

إِنْ كُنْتُمْ فَتَعْلِمُونَ ٦٨

dalaydan taatan je'an..akkasitti qoraan, walitti qabanii, qabanii, hunda isatti ibidda qabsiisanii hoggaa inni oow'uu keessa itti dhiyatuu nama kutu, shinbir-roo isa gubbaa maruu kutu, karaa ittin darbaniin dhabanii, booda keessa mala furgaasa'aan itti darbu'uu baasanii hoggaa mata'aa miila isaa walitti hidhanii furgaasa'arra kaayanii fago'orraa itti darban, Rabbiin akki je'e.

69}\*Hoggaa isaan ibiddatti darban wanni

قُلْنَا يَنْذَرُوكُنِي بِرَدَّا وَسَلَمًا عَلَى إِبْرَاهِيمَ ٦٩

jenne:yaa ibiddana qabbana nagayaa ibraahiiimif tayi , duuba akkasitti haada hidhaniin malee,kan waa takka qaama isarraa hin gabin, oow'i ibidda sanirraa deemee ifni isaa qofti hafe,odoo Rabbiin{qabbana nagayaa tayi}je'uu baatee {qabbanaa tayi} qofa je'eenii silaa qabbanaan du'a, odoo Rabbiin{ibiddaan ibraahiiimif qabbanaaye} je'uu baatee,{ qabbanaayi }qofa je'ee silaa nama tokkollee hin miidhu hin gubu, nabi ibraahiiim torbaan tokko, yookaa afurtama yookaa shantama,achi taa'e, bishaanifii nyaatafii, uffanni, afanni hundi, jannat-arraa isaa dhufteeti, jibriil dhufee wajji taa'ee, booharse, nabi ibraahiiim akki je'e : hangan ibidda san keessatti qanani'e takkaa jiruu tiyya keessatti hin qananiine, gaafas umriin isaa kudha jaha, takkaa diiddamii jaha, gaafa inni ibiddatti darbame, wanni hundi ibidda dhaamsu'utti seente cittu milkii malee, tanaaf isii ajeessun karaa godhame, Rabbiin akki je'a .

\*Ormi kuffaaraa sun, hamtuu ibraahiiimitti yaadan, isa gubuu fedhanii ,

وَارَادُوا بِهِ كَيْنَدًا

70}\*Haa tayuu waan ka'aniif isaan han qi-

فَجَعَلْنَاهُمُ الْأَخْسَرِينَ ٧٠

fnee,warra waan fedhe dhabee, hoongayee, khasaarame isaan goone ,akkasitti mootichi zamana sanii numruuz ibraahiiim nagayaan ibidda keessa taa'u argee

,itti lallabee ,humna Rabbii keetii argee bayi je'eenii, bayee , numruuz warre-egan Rabbii keetif ,hang a kuma afurii, qalaa je'een, yoo amante malee ,Rabbiin ,sii kaafiraa sirraan qeebaluu je'een ibraahiim, jennaan numuruuz an mootummaa tiyya dhiisee, waan amanuu, haa tayuu Rabbii kee jabaa kanaaf ware-ega numan qala je'ee, qalee, nabi ibraahiim tuquu dhiisee ibraahiim biyya isaa, iraaqii deemee shaamitti gale. tanaaf Rabbiin akki je' .

\*Ibraahiim nagaya baafne, waan kuffaarri  
isatti yaaderra,

وَجِئْنَاهُ

\*Akkasuma ilma obboleessa isaa {luux}  
nagaya baafne,

وَلُوطًا

71}\*Iraaqirraa biyya barakaa namaaf kee-

إِلَى الْأَرْضِ الَّتِي بَرَكَ كَافِهَا لِلْعَالَمِينَ

ssa keenye tan lagaafii muka heddommaatutti galchine nabi ibraahiim hoggaa iraaqirraa bayu, jaartii isaa saara'aafii ilma obboleessa isaa luux ilma haaraanin wajji baye, hanga shaam gayee,eega sanii,misra dhaqee, eegasii shaam falashiinitti deebi'etti,ammoo {luux}biyya {mu'tafikaa} je'amtu qubsiisee, tan hanga guyyaa tokkoo ganda nabi ibraahimirraa fagaattu.

\*Nabi ibraahimif ilma {is haaq} je'amu kenninee jirra, waan inni ilma nu khadhateef jecha.

وَهَبْنَاهُ إِسْحَاقَ

\*Ammas ilma ilma isaa {yakgquub} ilma ishaaq isaa kenninee jirra ,

وَيَعْقُوبَ

\*Isaa idaanee hanga isa khadhaterra, malif? inni ilma khadhate malee ilma ilmaa hin khadhanne,haa tayuu Rabbiin ilma isaa kenneeti ida'ee ilma ilmallee isaa kenne,

نَافِلَةً

\*Isaafii ilmaan isaa ishaaqifii ilma isaa yakgquub,

وَكَلَّا

72}\*Warra gaarii goonee jirra.

جَعَلْنَا صَلَاحِينَ

\*Ammallee imaamman isaan goonee jirra ,warra namni jala deemu,

وَجَعَلْنَاهُمْ أَيْمَةً

\*Kanneen nama qajeelchan

يَهُدُونَ

\*Gara diinaa keenyaa amrii teenyan,

يَا مَرِنَا

\*Isaanii dhaamnee jirra,

وَأَوْحَيْنَا إِلَيْهِمْ

\*Waan gaarii dalagu'uufii,

فَعَلَ الْخَيْرَاتِ

\*Salaata salaatuudhafi,

وَإِقَامَ الصَّلَاةَ

وَلِيَسَأَءُ الْرَّكْوَةَ

وَكَانُوا لَنَا عَدِيدِينَ

وَلُوطًا إِنَّهُ حُكْمًا

وَعِلْمًا

وَبَنِيَّتْهُ مِنَ الْقَرَيْبَةِ الَّتِي كَانَتْ تَعْمَلُ

الْخَبَثَ

إِنَّهُمْ كَانُوا قَوْمًا سَوْءً

فَتَسْقِينَ

وَأَدْخِلْنَاهُ فِي رَحْمَتِنَا

إِنَّهُ مِنَ الصَّالِحِينَ

وَنُوحًا

إِذْ نَادَى مِنْ قَبْلٍ

فَاسْتَجَبْنَا لَهُ.

فَبَيْتَهُ وَهُلْمَهُ.

مِنَ الْكَرِبِ الْعَظِيمِ

وَنَصْرَنَاهُ

\*Zakaa baafatu'utti isaan ajajnee jirra, ummata isaanitin wajji,

73}\*Isaan warra akkaan nu ibaadu, nama biraatii mitii .

\*Luuxif haqaan nama jiddu'utti dubbii laaluu kenninee jirra ,

\*Beekkomsa shari'i'adhaa isaaf kenninee jirra,

\*Biyyaa dalagaa fokkattuu daleydu keessaa isa baafnee,balaa ganda sanitti buute jalaa magaya baafnee jirra , gandi sun { saduum }

je'ama akkuma mu'tafikaa je'amu kan akkasuma buhgayratu luux je'ama, dalaagaan warri ganda sanii dalaguu ture, tan sanii je'ee Rabbiin isaan balleesse, dhiirti dhalaa dhiiftee wal koruu, nama karaa deemu, biimbe'een dhawu, wal duratti dhudhufuu,

\*Isaan orma badaa turan,

74}\*Warra karaa Rabbiraa baye.

\*Warra jannata keenyaa keessa,luux seesifnee jirra

75}\*Waan inni warra tola'arraa tayef .

\*Nabi {nuuhg} dubbadhu,

\*Gaafa ibraahimifii luux dura,dhufee ummata isatti du'aa'ii godhe, takkaa abaare ,yaa Rabbi nam tokkollee lafarratti hin lakkisin je'ee,

\*Duuba du'aa'ii isaa, yaminsa isaa dhageenyefii warra kafaretti balaa buufnee,

\*Duuba isaafii, warra isatti amane, safiinaa yaabbachiifree, najaa baafne,

76}\*Cinqii guddoo jalaa cinqiin guddoon,

bishaan. sami'ii bu'ee dachi'ii burqee, lafa hunda wal gayee,orma kaafiraa lafarraa fixe,gaafa Rabbiin nuuhgin safiinaa tolchii, nama sitti amaneefii waan bineensa taye dhala'aa dhiira irraa fuudhii yaabbachiisi jenneenii yaabbachiisee, akkasitti bishaan lafa guute jalaa safiinaadhan najaa baafne.

\*Najaa isa baafnee isaa tumsinee,

\*Ummata aayata keenya kijibsiiserraa isa hobbaafne,

مِنَ الْقَوْمِ الَّذِينَ كَذَبُواْ تَأْيِيدًا

\*Isaan ummata hamaa ,badaa , kan nabi

إِنَّهُمْ كَانُواْ قَوْمًا سَوِيًّا

nuuhg bara dhibba sagaliifi shantama keessa taa'ee iimaanatti isaan yaamu ,dhagayuu didan ,duuba hin amananii hubannaan yaa Rabbii naa dirmadhu je'ee, nu yaammannaan, orma san jalaa isa baafnee,

77}\*Orma isa dhibe san hunda, bishaanin lafarraa fin'e.

فَأَغْرَقْنَاهُمْ أَجْمَعِينَ ٧٧

\*Nabi daawuudifii ilma isaa suleymaan dubbadhu,

وَدَاؤُودَ وَسُلَيْمَانَ

\*Gaafa isaan lamaan adda addaan, firdii, yookaa murtii adda addaa godhan,

إِذْ يَحْكُمُونَ

\*Dubbii ooyruu takkaa keessatti ,

فِي الْحَرْثِ

\*Gaafa re'een gandaa , halkan ooyruu san

إِذْ نَفَقْتُ فِيهِ غَنْمُ الْقَوْمِ

itti jiydee,keessa facaatee midhaan san balleessite,midhaan takkaa hin bilchatin, kan re'ee san, namni eegu bira hin jirre...duuba abbaan ooyru'uu, abbaa re'ee kasasee nabi daawuudirra fidee, himate, re'een isaa ooyruu tiyya,waa takka hin hambifnee ni fixxe je'een, jennaan nabi daawuud re'ee isaa hunda fudhu je'ee,mureef akkasitti biraa bayanii, odoo yaa'anuu ilma daawuud suleymaanitti dhufan,akkamitti dubbii isinii fixe je'eeti suleymaan gaafate abbaan ooyru'uu re'ee haa fudhatu je'ee, je'aniin, jennaan suleymaan akki je'e : an odo'on dubbii tana isin jiddu'utti laalee, murtii tanan tayin, tan gama lachuufuu irra tolton muraa je'een, duuba wanni inni je'e abbaa isaa daawuud geenyan yaa-mee, yaa ilma kiyya mee akkam jetteeti murtaa je'een? jennaanin : abbaan ooyru'uu re'ee san fudhatee aananiiffi rifeensa isi'itti haa fayyadatuu, abbaan re'eedhaa ooyruu san qotee facaasee haa dalagu. duuba hoggaa midhaan tolaniit akka gaafa re'een balleessitee taye, abbaan ooyru'uu ooyruu ifitti deebi'aa abbaan re'eedhaa re'ee ifitti deebi'a, jennaan daawuud firdiin yookaa murtiin akka ati itti murte je'ee jaalate ,

وَكُنَّا لَهُمْ شَهِيدِينَ ٧٨

78}\*Rabbiin akki je'e: hukmiin takkaa firdiin isaan lamaanii nuu arguu, nuu beekuu tate, isaan lachuu haqa qaban, waan laalan qabanii .

فَفَهَمُوهُنَّا سُلَيْمَانَ

\*Rabbiin akka je'e firdii dubbii tana suleymaan beysifne,

وَكُلَّا مَا إِنَّا حَكَمَّا

\*Daawuudifii suleymaanif nabiyyummaa kenninee jirra,

\*Beekkomsa diinaadhaa, isaan lachuufuu kenninee jirra,

وَعْلَمَ

\*Gaarotii nabi daawuudif laaffifnee jirra,

وَسَخَّرَنَامَعَ دَاؤِدَ الْجِبَالَ

\*Isiin tasbiihga wajji gooti, jalaa qabdi akka yoo muusaye, takkaayuu dadhabbiin itti dhufte, mirqaanuf ,

يُسَيِّحُونَ

\*Ammallee shinbirroo akka ajaja isaatin tasbiihga isaan wajji gootuu takkaayuu jalaa qabdu goonee jirra,

وَالْطَّيْرُ

79}\*Nuutu gaarafii shinbirroo isaaf laaffisuu san dalage.

وَكُنَّا فَعِيلِينَ

\*Daawuud qamisa sibiilaa tolchuu barsiifne, Rabbiin sibiila ibiddumaan malee , akka bordodatti isaaf laafise,

وَعَلِمْنَاهُ صَنْعَةَ لَبُوسٍ

\*Isiniif tolcha. isiniif jecha isa barsiifne.

لَكُمْ

\*Akka hoggaa xilaata keessaniin loltan uffattanii, waan qaama keessan miidhu isinirraa deebisu takkaa dhoowwu,takkaa akka isinirraa dhoowwinuuf,

لِتُحِصِّنُكُمْ مِّنْ بَأْسِكُمْ

80}\*Duuba isin yaa warra makkaa galata naan galchi tanii?qamisa lolaa kan daawuud tolchuu barsiifnee, isin amma itti fayyadamtan kanarratti. nabi Muhammaditti amanu'uun

فَهُلْ أَتَقْتُلُ شَكُورَنَّ

\*Suleymaanif qilleensa laaffifnee jirra,

وَسُلَيْمَانَ الْمُجْرِمَ

\*Qileensa humnaan akka inni fedhetti deemu, bubbee yoo jarjaruu isi'ii fedhe, jarjartee, yoo kaan suuta deemtee,

عَاصِفَةً

\*Tan ajaja isaatin deemu,

تَحْرِي بِأَمْرِهِ

\*Gara biyya barakaa keessa keenyee, isiin biyya shaamii.shaam biyya isaatin qilleensan isi'irraa, bakka amna baattii takkatti bobbyayee gala ,

إِلَى الْأَرْضِ الَّتِي بَرَكَنَا فِيهَا

81}\*Nuti waa hunda beyna, wanni suleymanif waan san kennineef waan saniin ni qajeela malee, hin jallatuun jechaa, beyneti.tanaaf jecha Rabbiin bakka farado'oo qilleensa kenneef, maalif inni duuraan farado'oон duuluu ture, gaaf tokko isaa lola qophayu faradoo lolaa na du-

وَكُنَّا بِكُلِّ شَيْءٍ عَلَمِينَ

ra fidaa, nan tooyadhaa je'ee odoo isii eeguu, heddommina isi'ii keessa waytiin ibaada'aa duraa dabru'uu kaate,hoggaa san faradoo isa dagu'uu kaate san, qaq-qale, Rabbumaaf jecha aaree, duuba Rabbiin bakka isi'ii qilleensa yaabbatee duulun kenneefii, bayaa dhiyaa mooyee, warra lafaa hunda bulche, haa tayuu namni inni itti ergame yahuudaa qofa, inni mootii nama hundaatii ergamaa ilmaan israa'iili .

\*Ammas kuffaara sheyxaanaa isaaf laaffif-nee jirra, kanneen bahara lixanii, faaya bahara keessa jiru, isaaf guuran ,

وَمِنْ أَشَيَّطِينَ مَنْ يَقُولُونَ لَهُ

\*Akkasuma dalagaa biraatis dalagan tan ba-hara lixuu hin tayin, tan akka waa jaaru'uu nooraa baasu'uu, birillee tolchu'uu, saabuna baasu'uu ,

وَيَعْمَلُونَ عَمَلًا دُونَ ذَلِكَ

82}\*Nuti shayaaxiinni sun waan dalagan

وَكَنَّا لَهُمْ حِفْظِيَّةً

san balleessu'urraa eeyna,maalif ormi jinni'ii sun yoo odoo aduun hin dhiine waan dalagan san fixan, yoo dalagaa biraaharka hin kaayin,waan dalagan san deebi'anii balleessan, duuba Rabbiin akkas godhu'urraa eega

\*Qissaa yookaa oduu ayyuub dubbadhu

وَأَتَوْبَ

nabi ayyuuba ergamoota Rabbiin banii israa'iilitti ergerra tokko,inni nama akkaan horii qabu horii,gaalaa re'ee oo-yruu joollee hedduu qabaatu ture, duuba sanumaan wajji inni nama akkaan ibaadaa Rabbi, sodaa Rabbi, galata Rabbi galchuu heddommeysuu ture, sheyxaanni malaaykaa sami'ii tan du'aa'ii isaa gootu dhagaye,hoggaa san aaree sheyxaanni akki Rabbiin je'e: ayyuub wanni si ibaaduf, horii hedduu kenniteefii odoo horii dhabbee akana hin tayuu, waan inni qabu hundan duraa belleessaa, iznii naa godhi je'ee,akkasitti gaala isaa re'ee isaa, oo-yruu isaa jinnii itti ergee,sheyxaanni balleesse,duuba sheyx-aanni suuraa namaatin dhufee, yaa ayyuub horii kee warra tiysuun wajji da-chiin citteenni, liqimsite, oo-yrun tee gubattee qilleensi fuudhe je'een, jennaanin {ayyuub} akki je'e : kan duraan naa kenne Rabbi,kan fuudhates isaa,kan kana-rra caalu Rabbiin naa kennu'uun kajeela. je'eenii galata Rabbi galchee, Rabbi ibaaduu akkuma duritti itti fufe, ammas sheyxaanni karaa kanaan ijibaadhee ilmaan isaatin duraa fixaa ,iznii naa godhii je'ee,Rabbit iznii godheefii, galma joollen isaa keessa jirtu jinnii itti ergee akkasitti sheyxaanni joollee ayyuub fixee,ka'ee suuraa sheekha gudda'aatin ayyuubitti dhufee, booya'aa {ayyuub boochise} hoggaa san Rabbit inni sheyxaanaa irraa if eegi je'ee, akkasitti ayyuub Rabbit jecha obsee, isumaatu duraanuu naa kenne ammallee isumaatu fudhte je'ee ,Rabbit galata galche ,hoggaa san sheyxaanni waan fedhu dhabee, ammas qaama isaatin tuqaa iznii naa godhi je'ee,Rabbit khadhate,khadhannaan

Rabbiin waan arrabaafii ayl'iifii onnee hin tayin waan feete tuqi je'en, akkasitti sheyxaanni ayyuubitti dhaqee , isaa sujuudu'utti jiru funyaanitti dhukkuba afuufee ,qaamni isaa hundi dhullaa tayee,belbelee hoyxuu takcaa citto itti gad lakkisee, qaama if hooqe, hanga kotteen dadhabdee, mukhaa gali'iidhan if hoqee qaamni hundi ajaayee gandi ifirraa baasee kophaa dasaa itti jaaranii, jaartii isaa tan {rahgmaa} je'amtu, tan nyaataa dhugaatti isaa fiddu malee, namni irraa baqatetti, jarri sadeen ciccimaan itti amanelleen kanuma diin isaa hin dhiisin,haa tayuu irraa dheysan,akkanatti dhukkuba kanaan amata yookaa bara khudha saddeet taa'e, cinqi'iin wajji obsee waan Rabbiin itti buusee jaalatee, jaartin {ayyuub} yaa{ayyuub}odoo Rabbii kee khadhattee silaa balaa tana srraa deemsisa jetteen, jennaanin, qananii Rabbii keessa hangam takka teenye je'en, bara saddeettama jetteen, jennaan hanganumatti obsuu dadhabee, Rabbii kiyya khadhatuu nan qaafadha je'en, ayyuub hanga akkatti dhukkubsate onneen,aylii, arrabni isaa nagaya qabaa takcaa zikrii Rabbii hin dadhabne, haa tayuu odoo akkasitti jiruu raammon qaama isaa guutte onnee isaa nyaatu'uu kaate ,

\*Hoggaa san Rabbii isatti iyyatee akki je'e :

إِذْنَادِي رَبِّهِ

\*Yaa Rabbi raammon qalbii tiyya na nyatu'uufii zikrii tee na dadhabsiisu'uuf deemtii na dhaqqabi,

أَقِ مَسْكُنَ الْمُرْسَلِ

83}\*Ati irra caalaa nama rahgmata namaa godhuutii je'en.

وَأَتَ أَنْرَحْمُ الْزَّجِيرَ

٨٣

\*Duuba yaaminsa ayyuub nu yaammate dhageenyefii,

فَاسْتَجَبْنَا لَهُ

\*Waan isa dararu irraa deemsifne, wanni

فَكَشَفْنَا مَا بِهِ مِنْ ضُرٍّ

Odeeffame ,Rabbiin miilan dachii dhiiti ayyuubin je'ee,dhiitee bishaan burqee bayefii,bishaan ija burqitee saniin dhiqadhu je'eenii,dhiqatee wanni dhukkuba taye kan qaama isaa gubbaa jiru hundi irraa deeme, eegasi hanga tarkaanfii afurtama tarkaanfatee, ammas Rabbiin lafa dhiiti je'eenii,dhiitee, ijji bishaanii qabbanooytun burqitee, Rabbiin bishaan sanirraa dhugi je'eenii, dhuge, duuba wanni dhukkuba taye kan qaama keessa jiru hundi irraa deemee fayyaa guttuu fayye, bishaan kana {suuriyaa} biyya imaa minnawawi'i hooraan keessatti na garsiisan bara 1953.

وَأَتَيْنَاهُ أَهْلَهُ

\*Nabi ayuubif ilmaan isaa kan duraa dhume torban jiraachifnee kennineef isaan dhal-aafii dhiiraa wal keessaa,

وَمَثَلُهُمْ مَعْهُمْ

\*Ammas hangas takcaa ilmaan biraan isaa

kennine,torban isaaf jiraachifne sanirratti torban biraa jaartin isaa dardaroomtee hortoeffii joollen isaa walii gala khudha afur taatef ...nabi {ayyuub} wanni qab-aatuu ture,uuda lama tan qamadi'iitifi tan garbu'u, duuba Rabbiin duummessa lama ajajee ,tokko uuda qamadi'itti ziqiya roobsee, tokko uuda garbu'utti meeta roobsee, nabi ayyuub kaan harkatti fudhate kaan huccu'utti guurate, hoggaasan Rabbiin nabi ayyuubin hin quufnee? jennaan yaa Rabbi eenyu rahgmata ke- etirraa quufa je'e, akkasitti Rabbiin horii isaa,kan duraa bade hunda deebiseefii, ammas hangas takka irratti ida'eef.

\*Wanni waan san hunda isaa goonef, rahg-mata keenya, if biraa isaa kennu'uufi,

رَحْمَةً مِّنْ عَنْدِنَا

84}\*Ammallee akka warra Rabbi ibaaduf, gorsa tayuufi,akka akka isatti obsanii saw-aaba sabri'ii argataniifi, hoggaa hunda haala nabi ayuub yaadatanii.

وَذِكْرَى لِلْعَبْدِينَ ٨٤

\*Qissaa ismaakgiil ilma ibraahim kan bara dhibbaafii soddoma taa'e dubbadhu,

وَإِسْكَعِيلَ

\*Ammallee qissaa nabi idriis ilma shiis ilma aadam,kan bara dhibba afuriifii shantama taa'e,

وَأُدْرِيسَ

\*Ammalleeqissaa {zal kiflii} ilma ayyuub kan halkan dhaabbatee guyyaa soomanu'uuf if qabe,qissaa jara kanaa ummata keetii odeessi

وَذَا الْكَفْلِ

85}\*Hundi isaanii warra balaa Rabbitti ob- see ,cubbuu yookaa dilii hundarraa if qabuu, kanneen galata sabrii isaanii kennineefii .

كُلُّ مِنَ الصَّابِرِينَ ٨٥

\*Rahgmata keenya keessa isaan seensifne, anbiyaa isaan goone,

وَادْخُلْنَاهُمْ فِي رَحْمَتِنَا

86}\*Isaan warra tolerraayii { zulkifl } jech-uun kan if qabe jechuu, wanni akkas je'aniinif, isaatu halkan dhaabbataadhaa bulee, guyyaa soomanee nama jiddu'utti firdii godhu'uuf, kan hin dallanne if qabee, waan san guute .

إِنَّهُمْ مِنَ الشَّاكِرِينَ ٨٦

\*Qissaa yookaa oduu {jaalanuun} dubba-dhu ,nuun qurxummi'ii,xiqqaatuu guddaa-tuu, jaalli nuun yuunus ilma matta'aati,

وَذَا الْثُنُونَ

\*Gaafa yuunus ummata isatti dallanee biraa deeme, biyya bayu'uu jecha , kan Rabbin isan ajajin,

إِذْ هَبَ مُغَضِّبًا

\*Wanni inni seye kan nuti qurxummiin isa liqimsitee garaa qurxummi'ii keessatti rakkatuu itti hin murin seye,

فَظْنَ أَن لَّن نَقِدِرُ عَلَيْهِ

\*Duuba isa biyyarrraa badu`u deemu safiinaa

فَكَادَ فِي الظُّلْمَتِ

yaabbatee, baharitti darbamee qurxummiin isa liqimsinaan, isaa dukkana sadii keessa jiru, dukkana halkanii, dukkana bahar, dukkana garaa qurxummi'ii keessa jiru Rabbitti iyyatee akki je'ee

\*Yaa Rabbi si malee Rabbiin biraahin jiru,

أَن لَا إِلَهَ إِلَّا أَنْتَ

\*Waan siin hin malle hundarraa qulquollooyte,

سُبْحَانَكَ

87}\*An odoo ati iznii naaf hin godhin ummata kiyya keessaa deemu'uun ,cubbuu dalgaeen jiraa,naa araaramii na dhaqqabii je'e

إِنِّي كُنْتُ مِنَ الظَّالِمِينَ ﴿٨٧﴾

\*Duuba sababaa du'aa'ii tanaatin khadhaa isaa qeblee,

فَاسْتَجَبْنَا لَهُ

\*Rakkoo inni keessa jirurraa nagaya isa baafne,

وَنَجَّيْنَاهُ مِنَ الْغَمَّ

88}\*Akkuma yuunus rakkoo keessa baafne

وَكَذَلِكَ شَجِيْهُ الْمُؤْمِنِينَ ﴿٨٨﴾

warra Rabbitti amane hunda rakkoo keessaa baafna,yoo nu khadhatanii dirmachuu nurraa barbaadan keessattu du'aa'ii yuunus tanaan hadiisa nabii keessa wanni dhufe{namni rakkatee du'aa'ii tanaan Rabbi khadhate Rabbiin waan inni khadhate isaa godhuu oolu jechu'{Laa ilaaha illaa anta subhgaanaka innii kuntu minazzaalimiin} } je'ee , qissaan yuunus karaa gaba'aan: Rabbiin ummata kum dhib tokko ol gayu kan biyya {niinawaa}je'amtu,tan biyya iraaq keessa jirutti erge ,duuba itti amanuu dinnaan azaabatu guyyaa sadii booda isinitti dhufa je'ee isaan sodaachisee ifii isaanitti aaree, isaan keessaa badu'uu bayee, markaba yaabbate duuba markabni hoggaa bahara wal'akkaa gayu, deemuu didee dhaabbate hoggaa san warri markabaa gabricha gooftaa isaa jalaa badeetu markaba kanarra jiraa,hixa'aatu mul'isaa, hixaa haa buufannuu, nama hixaan irraa bu'e baharitti darbinnaa markabni hoggaa san deemaa je'anii, hixaa buufannaan ,hixaan yuunusirra bu'ee, qabanii baharitti darbanii qurxummiin guddoon liqimsite, duuba Rabbiin qurxummii sanitti dhaamee wanni je'een foon isaa hin nyaatin,lafee isaa hin cabsin inni rizqii teetii mitii ,garaa keetin mana hidhaa isaa godhee, waan inni waan irratti zigaalamu, takkaa komatamu dalageef,odoo izniin isaaf hin godhamin bahara yaabbatee, duuba garaa qurxummi'ii keessaa Rabbi khadhatee,eega guyyaa afurtam taa'ee, qurxummiin qarqara bahitti tuftee isaa laafate Rabbiin muka baaqila'aa magarsee adu'urraa isaaf gaaddiseessee gugguufton ganamaa

galgala dhufteefii harma isi'ii hodhee ,humnitti deebiteefii jabaatee ummata isatti deebi'ee ,hundi isaanii itti amanee Rabbiin isaan qananiise, maalif isaan hoggaa nabi yuunus guyyaa sadii booda azaabni isinitti dhufa je'ee keessaa deemu'uu, kute, kan wanni nabiyyiin Rabbii je'u, dhuga'aa beekhan ka'aniiti, namaa sa'aan ,xiqqa'aa gudda'aan, bayanii dirree dhaabatani, magan je'anii, amanan, Rabbiin azaaba san irraa deebisee nabii isaanii deebiseefii itti aman-anii dhugo'oomsanii iimaanni isaanii isaan fayyade, waan isaan odoo azaabni hin bu'in dura,jallinarraa deebi'aniif, maalif eega azaabni bu'ee takkaa duuti dhuftee amanuun nama hin fayyaduu, namni bishaan liqimse, kan gaarri irra jige faan ,islaamayuun hin fayyadu,waan filannaadharraa bayeef.

\*Qissa nabi zakariyya'aa ummata keetii  
dubbadhu,

وَذَكْرِيَّا

\*Gaafa inni Rabbii isaa yaammate wanni  
inni je'ee yaammate,

إِذْ نَادَى رَبَّهُ

\*Yaa Rabbi kophaa ilma malee nan dhii-sinii, ilma naa dhaalu na kenni,

رَبِّ لَا تَذَرْنِي فَرَدًا

**89}\***Ati irra caalaa warra waa dhaalutii, kan  
eega wanni ati uumte hundi dhumtee haftu.

وَأَنْتَ خَيْرُ الْوَرَثَةِ ﴿٨٩﴾

\*Duuba khadhaa isaa irraa qeeballee,

فَاسْتَجَبْنَا لَهُ

\*Ilma maqaan isaa {yahgya'aa} isaa ke-nnine,

وَوَهَبْنَا لَهُ بِحِينَ

\*Jaartii isaa isaaf tolchine, gadaameysa isi'ii akka dhalu goonee tan duraan hin dhalle ilma san isaaf dhalte,

وَأَصْلَحْنَا لَهُ زَوْجَهُ

\*Anbiyooni dubbanne sun

إِنَّهُمْ

\*Ibaadaa Rabbitti jarjaran .

كَانُوا يُسْكِرُونَ فِي الْخَيْرَاتِ

\*Isaanii rahgmata khajeelu, nu khadhatan,

وَيَنْعُونَ كَارَعَبًا

\*Isaanii azaaba keenya sodaatu nu kha-dhatan ,

وَرَهَبًا

**90}\***Isaan warra nuuf gad je'u.

وَكَانُوا لَا يَخْشِيُونَ

\*Maryama tan saalli[dhilti ] isi'ii tuqamu'u-rraa eeyde [ tissite] dubbadhu haa namni gorfamuunii ,

وَالَّتِي أَحْسَنَتْ فَرَجَهَا

\*Isi'itti afuufne ,

فَنَفَخْنَا فِيهَا

\*Karaa jibril keenyatiin{ruuhg}jechu jibr-

مِنْ رُوحِنَا

iiliisaatu mormoo qamisa isi'iitin itti afu-  
ufee {iisaa} ulfooyte, isii dubra amata ku-  
dhanii

\*Maryamiifii,

وَجَعَلْنَاهَا

\*Ilma isi'ii kgiisaa aayata, mukgjizaa dande-  
tyii teenyaa goonee jirra, abbaa malee  
uumnee ,

وَأَنْهَا آيَةٌ

91}\*Warra aylii qabu hundaaf, namaafii,  
jinni'ii ,malaayka'aaf.

۱۱ ﴿الْعَلَمِينَ﴾

\*Diinan islaamaa kun,

إِنَّ هَذِهِ

\*Diinaa keessani, kan qabatuun isinirratti  
jiru,

أُمَّتُكُمْ

\*Diinaa tokkicha wal dhabiinsi keessa hin

أُمَّةٌ وَحْدَةٌ

jirre,kan anbiyooni aadmirraa qabanii hanga nabi Muhammaditti dhufaniin .anbiyooni ,diin keessatti wal hin dhaban,shari'aa keessatti malee, isaan arka-  
ana iimaanaa keessatti wal hin dhabne, akkaataa ibaada'aa keessatti wal dhaban malee, Rabbitti amanuun, malaayka'atti amanuun ,kitaabban Rabbiin buusetti amanuun, ergamoota Rabbi hunda dhugo'oomsun, guyyaa qiyaaman ni dhu-  
faa dhugo'oomsun, waan ergamoonni Rabbi hundi ummata isaanii hundattin dhufan, ammoo akkaataa ibaada'aa kan akka salaataa soomanaa fuudhaa faa keessatti, wal dhabuun waanuma jiraati, haa tayuu diin tokkichaa wal dhabni keessa hin jiru, diinan Rabbi tokkichaa sun diin islaamatii diinaa islaamaa qabadhaa

92}\*An Rabbi keessanii.tokkummaa tiyya  
yaadaa na ibaadaa akka islaamni je'utti

۱۲ ﴿وَأَنْرِبُكُمْ فَاغْبُدُونَ﴾

\*Gabroottan kiyya gariin amrii diin keessatti

وَقَطَّعُوا أَمْرَهُمْ بِنَهْمٍ

arkaana iimaanaa keessatti,adda babayan,isaan yahuuda'aafii nasgaara'aa kan tokkummaa Rabbi, kan anbiyooni dhufeen dhiisanii, Rabbiin sadii takkaa ilma Rabbiiti je'anii, malaaykaa gari'itti amananii ,gari'itti kafaranii,anbiyaa gari'itti amananii gari'itti kafaranii,kan anbiyooni isaanii hundatti amanaa je'uun didanii adda babayan,

93}\*Hundi isaanii gara keenya deebi'anii ,  
kan haqarra jiru jannata geessineeti, kaan  
azaaba geessina, tokkoon isaanii nu harkan  
bayu.

۱۳ ﴿كُلُّ إِلَئَنَارٍ حُمُوتٌ﴾

\*Namni waan gaarii dalage,

فَمَنْ يَعْمَلْ مِنْ الْصَّالِحَاتِ

\*Isaa Rabbiifii ergamaa isatti amane,

وَهُوَ مُؤْمِنٌ

\*Wanni waan gaarii inni dalage san duraa  
dhoysu hin jiru ,

فَلَا كُفَّارَانَ سَعَيْهِ

94} \*Nuti waan inni dalage ni katabna afi.  
Malaaykaa waan inni je'uufii waan inni da-  
lagu katabdu nama hundatti goonee jirraa,  
duuba sawaaba waan gaarii sanii ni ken-  
ninaafi guunnee,

وَإِنَّا لَهُ كَافِرُونَ

\*Warra biyya takkaa kan dilii isaanitiif,  
lafarra fin'erratti haraami dhoowwama

وَحَرَامٌ عَلَى قَرِبَةِ أَهْلَكَهَا

95}\*Isaan addunya'arratti deebi'uun, hara-  
ami addunya'arratti deebi'anii, amananii, wa-  
an gaarii dalaguun, dandayan, hanga qiy-  
aaman dhaabbattutti.

أَنَّهُمْ لَا يَرْجِعُونَ

\*Gaafa ya'juujifi ma'juuj gaarri itti hidhame  
sun, duraa banamee bayan, isaan gosa lamaa tan zulqarneyni gaara tokko duu-  
batti itti cufe, kan bayu'uuf tattaafata godhu'utti jiran, kan hanga qiyaaman dhu-  
ftutti achii bayuu hin dandeenye gaafa qiyaaman dhiyaatte ni bayanii,

حَقٌّ إِذَا فَتَحْتَ يَأْجُوجَ وَمَأْجُوجٍ

\*Isaan gaafas qeyra takkaa tabba hundarraan

وَهُمْ مِنْ كُلِّ حَدَبٍ

96}\*Ori'aadhaa bu'an , dachii hunda wal

يَسْلُونَ

gayan,ormi kun guyaa afurtama taa'a ,guyyaan duraa dheerina hanga amataati  
,kan lameysa'aa hanga baati'iiti,kan sadeessa'aa hanga torbaaniti kuun akkuma  
guyyaa keenyati, ya'juujii ma'juuj bayuun eega nabi iisan bu'ee { dajaal }  
ajjeeseyi

\*Gaafas qiyaaman dhiyaatte baallamni ha-

وَاقْرَبَ الْوَعْدُ الْحَقُّ

qaa dhiyaate,alaaman qiyaaman dhiyaatu'u khudhanii: Aara, Dajaal, Daabbaa ,Aduu lixaan bayuu,Nabi kgiisan bu'uu,Ya'juujifi ma'juiji ,Lafti cituun ,Sadii argamuu, takka bayatti,takka dhiyatti ,takka biyya arabatti,kan irraa bo-  
odaa ibidda yaamanii bayee gara shaam nama oofu,

\*Hoggaa qiyaaman dhaabbatte,

فَإِذَا هُوَ

\*Ni dhaabbatti,

شَخْصَةٌ

\*Ijji warra Rabbitti kafaree, hammeenya gu-  
yyaa sanirraa,gaafas wanni isaan je'an

أَبْصَرُ الَّذِينَ كَفَرُوا

\*Yaa badii teenya,

يَنْوَلُنَا

قَدْ كُنَّا فِي غَفْلَةٍ مِّنْ هَذَا

بَلْ كُنَّا نَظَارِ لِمَيْنَ

\*Nuti addunyaa keessatti guyyaa kana dag-annee jirra,

97}\*Nuti ergamtoota Rabbii , kanneen guyyaa kana nutti odeessan kijibsiisu'un if miinee jirra je'an, balleessaa fudhatuun waan isaan fayyadu seyani, akkas je'an. haa tayuu sun isaan hin fayyadu... wanni warra kafareen je'amu.

إِنَّكُمْ وَمَا تَعْبُدُونَ كَمِنْ دُونِ اللَّهِ

حَصْبُ جَهَنَّمَ

أَنْتُمْ لَهَا وَرِدُونَ

لَوْكَانَ هَتُولَاءَ إِلَاهَكَ

مَا وَرَدُوهَا

وَكُلُّ فِيهَا خَلِيلُونَ

لَهُمْ فِيهَا كَازِفُونَ

وَهُمْ فِيهَا لَا يَسْمَعُونَ

إِنَّ الَّذِينَ سَبَقُتْ لَهُمْ مِنَ النَّاسَ

أُولَئِكَ عَنْهَا مُبَدِّدُونَ

لَا يَسْمَعُونَ حَسِيسَهَا

\*Isiniifii wanni Rabbii achitti Rabbii godhattanii, gabbartan hundi,

\*Qoraan jahannami, waan isaan bobeessani ,

98}\*Isiniifii isaanilleen ibidda jahannam seentan.

\*Wanni isin Rabbii achitti gabbartan sun , odoo Rabbi, dhuga'aan tayanii,

\*Silaa ibidda jahannam seenanii hin gubatan,

99}\*Wanni Rabbii achitti gabbarameefii warri isaan gabbareleen ibidda jahannam keessa zalaalamii taa'anii gubatan.

\*Warra ibiddaa saniif qooqa hamtuu ibiddi baafatu, jabdu'uutu jira,

100}\*Isaan ibidda keessatti didichaa isaatif

waan biraa hin dhagayan, khoqiinsa jabaa ibiddi sun khoquuf jecha .Rabbiin warri Rabbii achitti gabbarameefii, warri gabbaralleen ibidda seenan jennaan namni tokko nabi Muhammad gaafatee akki je'e :uzeyrifii kgiisa'aa ,malaayk- onni warra gabbarameraayii, isaanis warra gabbareen wajji gubatanii je'e , hoggaa san Rabbii aayata buusee akki je'e .

\*Warri azaabarraa najaa bayuun, jannata seenun nu biratti isaaf katabamtee, dabarte, kan akka kgiisa'aa, malaayka'aa, uzeyrii,

101}\*Isaan ibidda jahannamirraa ni fage-effaman.

\*Qooqa ibiddatuun hin dhagayan ,gubatuun dhiisii, ammoo jannata seenu'uuf irra dabruun, dubpii tanaan wal hin diigu sun qixa-axafii mitii,

102}\*Isaan waan nabseen isaanii feetu ke-  
essa taa'anii qanani'an zalaalamii.

وَهُمْ فِي مَا أَشَتَهَتْ أَنفُسُهُمْ خَلِيلُونَ ١٠٣

\*Rifachuun guddoon isaan hin geessu, rifa-  
chuun guddoon cinqii guyyaa qiyaama'aati,takcaa gaafa warri jannataaf uuma-  
mae hundi jannata seenee warri azaabaf uumame hundi azaaba seenee lachuttu  
hulaan cufamte kan irraa bayuun hin kajeelamne,takcaa hoggaa: du'a sodaa  
malee jannata keessa zalaalamii taa'aa. yaa warra ibiddaa, du'a kajeeluu malee  
ibidda keessa taa'aadhaa zalaalamii gubadhaa je'an. duuba jarri sun gaafas hin  
rifatan waan Rabbiin najaa isaanii katabeef,  
\*Warra jannataa san hoggaa isaan qabri'i  
bayan, takcaa hullaa jannataa duratti malaa-  
ykan isaan afaa baatee wanni isaanin jettu

لَا يَخْرُجُنَّهُمْ أَفْرَغُ الْأَكْثَرُ

وَشَلَقَنَّهُمُ الْمَلَائِكَةُ

103}\*Guyyaan kun guyyaa addunya'arratti  
isinii baallamame,guyyaa waan Rabbiin isi-  
niif kennu'uuf if qabe ,hunda keessatti arga-  
ttanii, ashamaa ashamaa je'aniin.

هَذَا يَوْمُكُمُ الَّذِي كُنْتُمْ تُوعَدُونَ ١٠٤

\*Guyyaan samii marru dubbadhu,

يَوْمَ نَظُوِي السَّكَمَاءَ

\*Akka malaaykichi {sijilli} je`amu kit-  
aaba. marutti kitaaba dalagaan namaa keessatti katabamte, inni samii sadees-  
sa'aa keessa jiraa, hoggaa malaaykan dalagaa namaa katabdu, waan katabde itti  
geessite mareeti, achi kaaya, hoggaa namichi du'e. takcaa sijilli jechuun kitaaba  
jechu'u, makgnaan isaa akka kitaabni waan isa keessa jiru marutti, walitti  
qabutti jechu',

كَطَّى السِّجْلَ لِلْكُتُبِ

\*Akka duraan garaa haadhaa keessatti isin  
uumnetti nama hunda deebifnee, qabriidhaa  
kaafnee,dirree qiyaama'atti walitti qabna,  
qolaan wajji. kan kophee hin qabne.

كَمَابَدَانَا أَوْلَ خَلْقَنِي تُعِيدُهُ

\*Sun waan nuti baallama seennee if qab-  
siifnee,

وَعْدَأَعْيَنَا

104}\*Nuti waan baallama seenne san warra  
akkaan dalaguu, waan san ni dalayna .

إِنَّا كَنَا فَعَلَيْنَا

\*Kitaabban nuti anbiyootarratti buufne kees-  
satti barreessinee jirra,

وَلَقَدْ كَتَبْنَا فِي الزَّوْرِ

\*Eega{lowhgalmahfuuuzg}keessatti katab-  
nee.takcaa kitaaba daawuudirratti buufame keessatti waan san dubbannee jirra,  
eega kitaaba zikri je`amu keessatti dubbannee {zikri} towraatii, takcaa  
qur'aanaa,

مِنْ بَعْدِ الذِّكْرِ

أَرْضَ الْأَرْضِ

\*Dachii jannataa,

يَرِثُهَا عِبَادُ الْمُحْمَدَ

١٥

105}\*Gabroottan kiyyarrraa warra toleetu

dhaala,warri tole nama iimaanarratti du'e, kanaatu kitaabban san keessatti katabame,Rabbiin jannata nama isatti amanee malee, kaafiraa hin kenu, waan jannanni Rabbi biratti gatii qabuuf, ammoo addunyaa mu'minaafii kaafiralleef kenna waan addunyaan Rabbi biratti gatii hin qabneef .

إِنَّ فِي هَذَا

لِّلَّهِ

لِّقَوْمٍ عَنِيدِينَ

١٦

\*Qur'aana kana keessa

\*Waan jannata nama geessu'uuf nama ga-yuutu jira,odu'uufii,gorsaafii wanni biralleen

106}\*Warra isatti dalaguuf,kan heera qu'aa-naa dalaga'arraa oolchuf.

107}\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad nuti

وَمَا زَرْسَنَّا لِإِلَّا رَحْمَةً لِّلْعَالَمِينَ

١٧

wanni si ergineef waan biraatifi mitii,akka rahgmata kgaalama hundaaf taatufi, akka rahgmata waan Rabbiin uume maraa taatufi, nabi Muhammad rahgmata namaati, kan jinni'iiti, kan malaayka'aati, kan mukaa cita'aati, kan kaafiraatifi, kan mu'minaati, nama isatti amaneef rahgmata addunya'aa aakhira'aati, ammoo nama hin amaniniif inni rahgmata addunya'aa qofa, Rabbiin nabi Muhammadii jecha balaa akka ummata dur, kan hoggaa dili dalagan, lafarraa fixxuu isaanitti hin buusu, odoo diliin san daranii, bakka hundatti dalagamtuu, kan dur yoo gandi tokko qofti dalage dachii isaanin gara galchu

قُلْ إِنَّمَا يُوحَى إِلَيْكَ

أَنَّمَا إِلَهُكُمْ إِلَّا اللَّهُ وَحْدَهُ

فَهَلْ أَنْتُمْ مُسْلِمُونَ

١٨

\*Waan haqa Rabbii keessatti, wanni Rabbirraa natti dhufe waan biraatii mitii,

\*Rabbiin keessan tokko jechu,inumaa waa-qni keessan tokkicha ,

108}\*Duuba isin waan Rabbirraa naa dhufa jala deemtanii tokkummaa Rabbiin hin yaaddanii? Rabbitti waa qindeysuu dhiisa'aa, Rabbi tokkicha ibaadaa jechu'u.

فَإِنْ تَوْلُواْ

فَقُلْ إِذَا نَئَمْتُ

عَلَى سَوَاءِ

\*Yoo waan san qeebaluu didanii irraa gara galan, yoo islaamumma didan ,

\*An Isiniin loluu isin beysise ji'iin, dinniina isinii kenne,

\*Akka nuufii,isin wal loluu quba qabaattan ,akka dageeti Muhammad nu dhaye hin jenne, lolaa qophayaa ji'iin,

وَإِنْ أَدْرِيَتْ أَقْرَبُ

أَمْ بَعِيدٌ

مَا تُؤْعَدُونَ ﴿١٩﴾

\*An hin beekhu dhiyo'o moo,

\*Si fago'oo,

**109}\***Wanni baallamni isinii godhame, sun

azaabaa yookaa guyyaa qiyaama'atii, kan azaabni keessa jiru , azaabni dhiyo'o'otti isinitti bu'a moo isinirraa turaa , qiyaaman dhiyo'otti dhaabbatti moo ni turtii, an hin beekhu, kan san baakhu Rabbii tokkicha.

\*Rabbiin waan namni qooqa, yookaa sag-  
alee, ol fuudhee je'u ni beekha,

**110}\***Akkuma qooqa namni gad qabatee  
suuta dhoysa'aan je'u beekhu, isin jettanuu  
namni biraaj je'u sirrii teessan hunda beekha

إِنَّهُ يَعْلَمُ الْجَهَرَ مِنَ الْقَوْلِ

وَيَعْلَمُ مَا تَكْثُرُونَ ﴿٢٠﴾

\*An hin beekhu,

\*Wannin an isin beysise , kan yaroon inni  
dhufu hin beekkamin sun, azaaba isinirraa booda aansu'u, isin laalu'uuf ta-  
yu'un khajeela waan isin daleydan laalu'uuf isinirraa addunyaa tana keessatti  
booda aansuu,

**111}\***Wanni azaaba addunya'arratti isinirraa  
booda aansuf, akka hanga duuti teessan ge-  
essu waan Rabbi isinii hireen qananiitaniifi.

\*Nabiin akki je'a yaa Rabbi naafii warra na  
dhugo'oomsuu dide jiddu'utti firdii godhi  
je'e,

\*Azaaba isaan laalessuun, isaanirraa na aa-  
nsu'uun je'e, Rabbi khadhate,duuba Rabb-  
iin lola badrii kan {uhgud} kan {khandaq}  
kan {hguneynii} keessatti isaan qixaaxee  
nabi moosise,

\*Rabbiin keenya kan rahgmata namaa  
godhu,

\*Kan gargaarsi irra barbaadamu ,

**112}\***Waan isin Rabbiin jettanirratti takcaa

kkaa isa wassaftanirratti, Rabbiin ilmoo qaba jettanii,kijiba irra keessanii, am-  
mallee waan naan jettanirratti kan gargaarsifannuun Rabbiin, kan falfalaa naan  
jettanii qur'aanan walaloo jettan an obseetan Rabbiin isinirratti na gargaaruu  
eggadha je'i, je'aa Rabbiin nabi Muhammadiin erge.

قَلْرَبِيْ أَحْكَمْ

بِالْحَقِّ

وَبِنَا الرَّحْمَنْ

الْمُسْتَعَانْ

عَلَىٰ مَا تَصْفُونَ ﴿٢١﴾